# ADDA BILISUMMAA OROMOO

OROMO LIBERATION FRONT

جبهة تحرير أورومــو

Gaafa: 31/07/08
Date: تاريخ

Lakk.: 021/stm/abo/2008
No.: رقم

**Sirna Dhablummaa fi Diigumsa Dhaaba ABO Keessatti Deemaaa Jiru Irratti**
**Ibsa fi Murtii ShG GS ABO**

Shaneen Gumi GS ABO, sochii sirna dhablummaa fi diigumsa dhaaba ABO keessatti geggeeffamaa turee fi jiru irratti walgahii hatattamaa Adooleessa 31, 2008 godhatee, ibsaa fi murtii armaa gadii kennee jira.

Heeraa fi seera dhaabaaf ajajamuu diduu dhaan murni addaa dhaaba keessatti tolfamee sochiin lafa jala geggeeffamaa ture. Rakkoo kana obsaa fi bilchiinaan furuuf tattaaffiin hogganni godhe tuffii fi maal nugodhuutti fudhatame. Walgahii sirnaa GS-ABO Bitootessa 2008 geggeeffamerratti murtiilee dabran faallessuu dhaan hojii diiggaa, barruu facaasuu, namtokkee hawachuu, waltajjii argatan irratti nama dammaqfachuu yaaluu, sirna dhablummaa babal'isuu dhaan ololaa hogganaa fi dhaaba irrati bal'inaan gaggeessaa turan. ShG GS sochii kana ugguruuf guddaa tattaafate. Haata'u malee murni dhoksaan dhaaba keessatti of ijaaree sochoohaa ture kun amma ifa bahee:

1. Walgahii sirnaa-alaa Minnesota, USA fi Nairobi, Kenyaa keessatti waamuun hogganaa fi dhaaba balaaleeffachaa jira.
2. Radio irratti hoggana Gumii Sabaan filame fonqolchee hoggana haaraa utubuu isaa ifa baasee labsuu irratti argama.
3. *Paltalk* tti dhimma bahuun fottoqiinsa dhaaba keessatti uumuuf lallabaa jira.
4. Heeran alatti sagantaa ABO jijjiiruu isaanii haasawaa fi media adda addaa irratti beeksisaa jiru

Kanaaf; Shaneen Gumii GS ABO akka heera ABOtti gumii ittisa dhaabaa waan taheef:

a) Haalli amma deemaa jiru nageenyaa dhaabaa fi miseensotaaf yaaddeessa waan taheef,
b) Dhaaba kanaa balaa itti aggammatame irraa dandamachiisuu fi afanfaajjawinsa amma dhaabaa fi hawaasa Oromoo keessatti uumuuf tattaafatamaa jiru hanqisuuf,
c) Miseensoti fi deggertootni dhaabaa, akkasumas ummatni bal'aan Oromoo daba dhaaba isaanii irratti deemaa jiru hubatanii tikaa fi ittisa barbaachisu akka godhaniif,
d) dhaaba balaa irraa dandamachiisuuf, heeraa fi seera dhaabaa kabajchiisuuf

ShG GS ABO murtii siyaasaa armaa gadii dabarsee jira.

Miseensoti hogganaa sochii kana adda durummaan gaggeessa jiran:

1. Hassan Huseen
2. Leencoo Baatii
3. Kamaal Galchuu fi
4. Abbaa Nagaa Jaarraa,

yakka dhaabaa fi qabsoo bilisummaa Oromoo irratti waan hojjataniif, heera dhaabaa kabajuu, hogganaaf ajajamuu waan didaniif, dhaaba keessatti fottoqiinsa uumuu waan labsaniif, guyyaa har'aa Adooleessa 31, 2008 irraa kaasee hujii fi dirqama dhaabaa irra turan hundumarraa kaafamanii jiru. Jarri kun bakka fi yeroo kamitti iyyuu maqaa dhaaba keenya ABOtiin dubbachuuf mirgaa fi seera kan itti hin qabne tahuu beeksifna. Dabni gara biraan akka dhaaba irratti hin hojjatamneef ShG GS ABO itti fufiinsaan tarkaanfii dhaaba ittisuu fi qabsoo dandamachiisu fudhatu gara fuulduraatti ni beeksisa.

Gadaan Gadaa Bilisummaa ti!!
Injifannoo Ummata Oromoof!!

ShG GS ABO
Adooleessa 31, 2008

P. O. Box 6973 Asmara, Eritrea | Telefax 291 1 150548 | *www.oromoliberationfront.org*